

**Gorsaafi Qindeessaa**

Alamuu Hayiluu

**To'ataa Qulqullinaa**

Muhaammad Namoo

**Qopheessitoota:**

Boruu Jiloo

Dajanee Galataa

Darajjee Fufaa

G/Mikaa'eel Abboomsaa

Kumarraa Nagaash

Olaanaa Tashoomaa

**Seecca'oota:**

Fiqaaduu Qana'aa

Muhaammad Abdoo

**Giraafiksii:**

Dhaqqaboo Guyyee

Solomoon Alamaayyoo

Taaddasaa Dinquu

## Baafata

Qabiyee	Fuula
Boqonnaa 1: Raabomuu.....	3
Boqonnaa 2: Leenjii Raabaa.....	6
Boqonnaa 3: Gaheefi Itti-gaafatamummaa Raabaa .....	10
Boqonnaa 4: Jila Raabaa .....	14
Boqonnaa 5: Faaruu Raabaa.....	18
Boqonnaa 6: Seera Uwwaa.....	21
Boqonnaa 7: Jaarmiyaa Siinqee.....	24
Boqonnaa 8: Caaseffama Oromoo .....	27
Boqonnaa 9: Seera Maatii .....	30
Boqonnaa 10: Eegumsaafi Kunuunsa Bosonaa .....	33
Boqonnaa 11 Eegumsaafi Kunuunsa Bineensotaa .....	38
Boqonnaa 12: Seera Haraa-Eelaa.....	41
Boqonnaa 13: Odaa.....	46
Boqonnaa 14: Geerarsa.....	50
Boqonnaa 15: Weedduu Lafoo.....	54
Boqonnaa 16: Ateetee .....	57
Boqonnaa 17: Galma Gadaa .....	61
Boqonnaa 18: Woyyuu .....	65
.....	65

## Boqonnaa 1: Raabomuu

### Wayitii: 6

#### Kaayyoowwan

Dhuma boqonnaa kanatti barataa/tuun;

- ☞ maalummaa Raabomuu ni'ibsa/ti;
- ☞ gochaalee Raabomuu keessatti raawwataman addaan nibaafata/ti.

#### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, boqonnaan kun Raabomuu irratti kan xiyyeeffatu ta'uu barattootatti himi. Qabiyyee boqonnichaa keessatti jiloota ce'umsa kuusa irraa gara Raabaatti ce'uu mirkaneessuuf geggeeffaman jila Nadhii buluu, Tolee gatuu, Bantii haaddachuufi Raaba Garmaamuu duraa duubaan barattootaaf ibsi.

Gaaffilee hubannoo gidduu gidduutti kennaman hojjachisuun duub-deebii kenni. Ibsa kenname irraa barattoonni waan hubatan akka walitti himan taasisi. Kana malees, jiloota ce'umsa Kuusa irraa gara Raabaatti godhamu irraa maal akka hubataniifi naannoo isaanitti godhamu maal akka fakkaatu maatii gaafatanii akka walitti himan taasisi.

Dhuma irratti, tokkoon tokkoon barataa maa lummaa Raabaafi gochaalee ce'umsa Kuusaa gara Raabatti godhamu hubachuu isaanii hordofuun duub-deebii kenni.

Akkasumas gilgaalota xumura boqonnaa irratti kennaman deebii qajeelcha kana keessatti kennaman waliin ilaalun duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaaffii hubannoo 1**

1. Qondaala, Raabaa Dooriiifi Foorra jedhamee waamama

### **Deebii Gaaffii hubannoo 2**

1. Jilli jilatan kan nagaafi milkii akka ta'uufi gara gulantaa itti aanu Raabatti akka ceesisu Waaqaa kadhatu.

### **Deebii Gaaffii hubannoo 3**

Horii gaafa Dabballeefi Gaammee kennameef yeroo Raabatti ce'an itti-agarsiisanii beeksisuuf gatama.

### **Deebii Gilgaala 1**

1. Soba
2. Soba
3. Sobaa

### **Deebii Gilgaala 2**

1. D
2. B
3. D

### **Deebii Gilgaala 3**

1. Jila Nabhii buluu, Tolee gatuu, Bantii haaddachuufi Raaba garmaamuu jedhamu.
2. Galmi Nabhii balbala tokko qofaan ijaarama
3. Gulantaa Kuusomaa irraa gara Raabaatti ce'uu mirkaneessuuf.

#### **Deebii Gilgaala 4**

Naannoo isaaniitti gochaalee ce'uumsa Kuusa irraa gara Raabaatti taasifamu kan beekan yookiin maatii gaafatanii akka walitti himan taasisi.

## Boqonnaa 2: Leenjii Raabaa

### Wayitii: 6

#### Kaayyoowwan

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun;

- ☞ barnoota Raabaaf kennamu nibarata/ti;
- ☞ leenjii Raabaaf kennamu adda nibaafata/ti.

#### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, leenjii Raabaa ilaalchisee wanti barattoonni beekaniifi kan kitaaba barataa irra jiru walfakkaachuufi dhiisuu isaa adda baafadhu. Boqonnaa kana keessatti waa'ee leenjii Raabaa akka baratan, leenjiiwwan kunis, leenjii aadaa jilaa, seera ardaalee jilaafi daangaa lafaa, bilchina sammuu, naamusa hoggansaafi jireenyaa akka leenji'an hubachiisi.

Itti aansuun fakkii Raabaa, kitaaba barataa irra jiru barattootatti agarsiisuun maal akka uffatan, mataatti maal akka godhataniifi maal gochaa akka jiran barattoota gaafachuun akka ibsan godhi. Sana booda waan dubbisanii hubatan akka walitti himan taasisuun

duub-deebii kenni. Kan biroon, leenjiiwwan Raabni dabaree dabareen leenji'u, barattootaaf ibsi.

Kana malees, Raabni nama leenjii kana isaanii kennu jaarsa gorsaa miseensa qadadduu irraa akka qabaatan ibsiif. Dabalataan, leenjiin jiloota aadaafi duudhaa barachuuf Raabni leenji'u kan kitaaba barataa irratti tarreeffame ibsiif. Jiloota aadaafi duudhaa kanaan Raabni haala ittiin sa'aa nama eebbisan, Raaboma kaayomsuu, ardaafi gooroo woyyoomsuuf akka leenji'an ibsiif. Bifuma wal fakkaatuun barattoonni gaaffilee hubannoo kitaaba isaanii keessatti dhiyaatan hojjachiisuun, deebii qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kennaman waliin walbira qabaa deemi.

Raabni warra Gadaa waliin gooroo marmaaruudhaan daangaa ardaa, lafaafi biyyaa akka baru barattootaaf ibsiif. Itti aansuun, akkaataa daangaa lafaa itti tiksan kan baratan ta'uu barattootaaf ibsi. Dabalataan, jaarmiyaalee hawaasaa haala itti hoogganan warra Gadaa waliin yeroo godaanan barachaa deemuu isaanii ibsiif. Kana malees, hayyoota wajjiin gumiifi yaa'a irratti hirmaachuudhaan akkaataa seerri itti tumamuufi murtiin itti kennamu leenji'uu isaanii hubachiisi. Akkasumas, haala adeemsa waldhabdeen gosaafi biyyaa itti furamu leenji'uu isaanii hubachiisi.

Raabni Qadadduu irraa barnoota akka fudhatuufi walannaa irraa ammoo, qeeqa akka fudhatan hubachiisi. Dhuma irratti naannoo

isaaniitti Raabni leenjii akkamii akka fudhatan maatii gaafatanii dareetti akka waliif ibsan godhi. Gilgaala kenname hojjachiisuun hubannoo argatan mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaaffii hubannoo 1**

Jaarsa gorsaa warra Raabaaf Qadadduu ta'an irraa baratu.

### **Deebii Gaaffii hubannoo 2**

Daangaa ardaa, lafaafi qabeenya biyyaa adda baafatu, akkaataa lafaafi daangaa lafaa itti tiksan, kunuunsaniifi eegan baratu. Haala diinagdee itti to'atan, hawaasummaafi siyaasaa itti gaggeessan fudhatu. Akkasumas, gumii Gadaa addaa addaa irratti hirmaachuun seera tumamuufi murtii darbu nihubatu, akkaataa eebbaa nibaratu, adeemsa waldhabdeen gosaafi biyyaa itti hiikamu addaan baafatu

### **Deebii Gilgaala 1**

1. Dhugaa
2. Soba
3. soba

### **Deebii Gilgaala 2**

1. B
2. D
3. C

### **Deebii Gilgaala 3**



1. Daangaa ardaa, lafaafi qabeenya biyyaa adda baafatu, akkaataa lafaafi daangaa lafaa itti tiksan, kunuunsaniifi eegan baratu. Haala diinagdee itti to'atan, hawaasummaafi siyaasaa itti gaggeessan fudhatu. Akkasumas, Gumii Gadaa addaa addaa irratti hirmaachuun seera tumamuufi murtii darbu nihubatu, akkaataa eebbaa nibaratu, adeemsa waldhabdeen gosaafi biyyaa itti hiikamu addaan baafatu.
2. Leenjii aadaa jilaa, seera ardaalee jilaafi daangaa lafaa warra Qadadduu irraa barata, biyya bulchuu, naamusa hoggansaafi jireenyaa ammoo qeeqa qeexalaan warra walannaa irraa baratu.
3. Aadaafi duudhaa, heeraafi seeraa, qoraa-mura, daangaa lafaafi ardaa akka itti eeggatan barachuuf.

#### **Deebii Gilgala 4**

Leenjii Raabaa naannoo isaaniitti kennamu kamiyyuu yoo tarreessan sirriidha.

## Boqonnaa 3: Gaheefi Itti-gaafatamummaa Raabaa

### Wayitii: 6

#### Kaayyoowwan

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun;

- ☞ gahee Raabaa nibarata/ti;
- ☞ itti-gaafatamummaa Raabaa adda nibaafata/ti.

#### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, ga'eefi itti-gaafatamummaa Raabaa ilaalchisee hubannoo barattoonni qaban adda baafadhu. Boqonnaan kun Raabni gaheefi itti gaafatamummaa Raabni hawaasa keessatti ba'achuu qabu irratti akka xiyyeeffatu barattootaaf ibsi. Itti aansuun Raabni ga'ee abbaa Gadaa waliin ardaa jilaatti godaanuu, bulchiinsa Gadaa, seera Gadaa, duudhaafi daangaa biyyaa eeguu akka qabu ibsi. Kan biroon, Raabni itti-gaafatamummaa Galma Gadaa ijaaruu, Hara-Eela haaraa baasuu, muka gurguddaa fageenya irraa fiduun dallaa loonii ijaaruu, karra Qachaa Yaa'a warra Gadaa eeguu, nageenya hawaasaafi biyyaa tiksuu akka qaban hubachiisi.

Itti fufuun, akka seera Gadaatti Raabni kan fuudhuu danda'u Abbaan Gadaa Qadadduu eebbisee erga Yaa'a sanaa deebi'ee akka ta'eefi gulantaa Raabaa gara dhumaatti akka ta'e hubachiisi.

Bifuma wal fakkaatuun, barattoonni gaaffilee hubannoo kitaaba isaanii keessatti dhiyaatan akka hojjatan gochuun deebii qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kennaman waliin mirkaneessaa deemi.

Dhuma irratti, Raabni biyya akka eegu, qabeenya hawaasaa akka tiksuu, ardaa jilaatti nageenya akka eegsisu, abbootii isaanii irraa barnoota seeraafi duudhaa Gadaa akka barataa hubachiisi.

Naannoo isaaniitti Raabni maal maal akka hojjataniifi itti-gaafatamummaa akkamii akka qaban maatii gaafatanii dareetti ibsan godhi. Gilgaala kenname hojjachiisuun hubannoo argatan mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaaffii hubannoo 1**

Abbootii Gadaa waliin gooroo godaanuu, murtoo Gadaan dabarsu deeggaruu, jiloota Raabomaaf barbaachisan geggeessuu, leenjii fudhachuufi durba fuudhuudha.

### **Deebii Gaaffii hubannoo 2**

Gadaa faana godaananii Odaa buluun karra yaa'aa eeguu, muka, dagaleefi quncee, citaa yookiin buuyyoo barbaadanii fiduun Galma Gadaa ijaaruudha

## Deebii Gilgaala 1

	<b>Ga'ee Raabaa</b>	<b>Itti-gaafatamummaa Raabaa</b>
1	Bulchiinsa Gadaa, Seera Gadaa, duudhaa Gadaa, aadaafi daangaa ummataa eeguu baratu	Nageenya biyyaafi hawaasaa tiksuu
2	Ardaa Jilaatti Abbaa Gadaa waliin godaananii namaafi horii eegu	Galma Gadaa ijaaruu
3	Guyyaa Gadaan Ardaa Jilaa godaanu, karra eeguu	Eela haaraa baasuu
4	Jiloota Raabomaa gaggeessuu	Haraa-Eelaa bishaan baasuun horii obaasuu, dallaa ijaaruu
5	Mariifi murtee Gadaan dabarsu deeggaru	Qachaa yaa'aatti bahee eegumsa taasisu

## Deebii Gilgaala 2

1. D
2. C
3. B

## Deebii Gilgaala 3

Ga'eefi itti gaafatamummaa Raabaa maatii gaafatanii haala qabatamaa hawaasa naannoo sanaan yoo ibsan sirriidha.

## Boqonnaa 4: Jila Raabaa

### Wayitii: 6

#### **Kaayyoowwan**

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun;

- ☞ maalummaa jila Raabaa nibarata/ti;
- ☞ gochaalee jila Raabaa addaan nibaafata/ti.

#### **Gahee Barsiisaa/tuu**

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, jiloota Raabaa ilaalchisee hubannoo barattoonni qaban adda baafachuun eegali. Itti aansuun, jiloota adda addaa Raabni geggeessu barattootaaf ibsi. Raabni jiloota yeroo geggeessan namni isaan qajeelchu jaarsa gorsaa qabaachuu isaanii ibsiif. Jaarsi Gorsaa kun ammoo miseensota Gadaa waliif Qadadduu ta'a yookiin wal deeggaran irraa akka baratan ibsiif.

Jilootni Raabni jilatu hormaata sa'aa namaa, kaayoo, woyyumaa lafaatiif kan jilatan ta'uu isaa hubachiisi. Bifuma wal fakkaatuun barattoonni gaaffilee hubannoo kitaaba isaanii keessatti kennaman akka hojjatan jajjabeessuun sirreeffama kenniif.

Fakkii jila Raabaa kitaaba barataa irra jiru barattootatti agarsiisuun hubannoo isaanii cimsi. Itti aansuun, jiloota Raabni walduraa duubaan geggeessu maal maal akka ta'aniifi maaliif akka gaggeeffaman barattoota hubachiisi. Jiloonni Raabaa seenaa, aadaafi duudhaa Gadaa barachuufi geggeessuu akka raawwatan hubachiisi. Akkasumas, bifuma wal fakkaatuun barattoonni gaaffilee hubannoo kitaaba isaanii keessatti dhiyaatan akka hojjatan gochuun; deebii qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kenname waliin sirreeffama kennaafii deemi.

Dhuma irratti, Raabni waggoottan saddeet keessatti jiloota kaayoo, hormaata namaafi horii ardaalee jilaa irra naanna'uudhaan akka geggeessu hubachiisi. Naannoo isaaniitti Raabni jiloota akkamii akka geggeessan, akkasumas maaliif akka geggeessan manguddoo gaafatanii dareetti akka waliif ibsan taasisi. Gilgaala kenname hojjachiisuun hubannoo isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaaffii hubannoo 1**

Haati manaa Raabaa haadha Ambaa jedhamtee beekamti

### **Deebii hubannoo 2**

Dhokisuu kan geggeessan waaqa kadhachuuf, kaayoo, hormaata namaafi woyyooma lafaatiif kan jilataniidha.

### Deebii hubannoo 3

Gulantaa Raabomaa keessatti nama ardaafi daangaa lafaa tikse, nama hundeeffama caasaa Gadaa kan Raabaa ijaare, namoota yeroo Raaboma keessa turan hojii jajjabaa hojjetan, gootota, gamnaafi qarroof sirbama.

### Deebii Gilgaala 1

1. Soba
2. Sobaa
3. Dhugaa
4. Soba
5. Soba

### Deebii Gilgaala 2

1. C
2. D
3. D

### Deebii Gilgaala 3

1. Bantii haaddachuufi Nadhii Buluufi Raaba Garmaamuun mirkaneeffata.
2. Namaa-sa'aa, margaa-bishaan, Ardaafi lafa woyyoomsuuf jilatamu.



3. Dullacha Saaphuphaafi Dullacha Qoraan Olkaa jedhamu.
4. Jila dubartootni (haati warraa Raabaa) Aduloota (abbaa warraa) isaanii waliin jilataniidha.

#### **Deebii Gilgaala 4**

Jiloota Raabaa naannoo isaaniitti beekaman adda baasanii dhiyeessanii jiru taanaan sirriidha.

## Boqonnaa 5: Faaruu Raabaa

### Wayitii: 6

#### Kaayyoo

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun;

- ☞ jaalala Gadaan Raabaaf qabu ni'ibsu/ti;
- nidingisiifata/ti.

#### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, faaruu Raaba kitaaba barataa irratti dhiyaate faarsuun itti agarsiisi. Itti aansuun, barattootni akka si wajjiin faarsan godhi. Sana booda barattoonni akka of danda'anii faarsan tasisi. Itti fufuun, faaruu dhiyaate irratti akka mari'atan taasisuun ergaa faaruu sanaa akka walitti himan godhi. Adeemsa kana keessatti, maal akka irraa hubataniifi dinqisiifatan hordofuun duub-deebii kenni. Bifuma wal fakkaatuun, barattoonni gaaffilee hubannoo kitaaba isaanii keessatti kennaman akka hojjatan jajjabeessuun sirreeffama kenniif.

Dabalataan, Faaruu Raaba biroo, kan beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka faarfatan godhi. Dhuma irratti, gilgaala kenname hojjachiisuun hubannoo argatan mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaaffii hubannoo 1**

1. Raabni angoo, humnaafi kabaja guutuu qaba jechuudha

### **Deebii Gilgaala 1**

1. Faaruu Raabaa jechuun sirba gareen Raabaa gulantaa Raabaa keessatti sirbaniidha.
2. Kabaja wantootni woyyuu ta'an kan akka Ardaa Jilaa, Bokkuu, qootii, Qaalluu, Abbaa Gadaa, haadhaafi abbaafaa agarsiisuuf jedhama.
3. Sirbi Raabaa kan sirbamu yeroo Raabni jila jilatuudha.
4. Raabni kabajaa guddaa qabaachusaa ibsa.

### **Deebii Gilgaala 2**

1. Dhugaa
2. Dhugaa
3. Soba

### **Deebii Gilgaala 3**

Raabni gammachuu Raabomuu kan akka Bokkuu buqqisuufi haati warraa isaa ammoo midhoo dhahachuu ga'uu ishee; akkasumas, Raabni irreen akka miidhagu, haadha warraa Raaba ammoo midhoo hidhatte akka miidhagu ibsachuuf jedhama.

### **Deebii Gilgaala 4**

Faaruu Raabaa barattoonni maatii gaafatanii fidaan kamiyyuu ta'uu danda'a.

## Boqonnaa 6: Seera Uwwaa

### Wayitii: 7

#### **Kaayyoo**

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun;

- ☞ seera Gadaan mirga dubartiifi durbaa ittiin eeguuf baase nibarata/ti.

#### **Gahee Barsiisaa/tuu:**

Barsiisaa/tuu, jalqaba Seera Uwwaa jechuun maal jechuu akka ta'e ibsi. Itti aansuun, seerichi akkamitti mirga dubartiifi durba akka eeguufi namni seericha cabse maaliin akka adabumuu wal-duraa duubaan ibsi. Bifuma wal fakkaatuun, gaaffilee hubannoo gidduu gidduu barreeffamaatti kennaman hojjachisuun duub-deebii kenni. Gidduu gidduutti gaaffilee hubannoo kitaaba isaanii keessatti dhiyaate hojjachiisii, deebii isaanii kan qajeelcha barsiisaa/tuu keessatti kennameen walbira qabii sirreeffama kenni.

Itti aansuun, ibsa kenname irraa barattoonni waan hubatan akka walitti himan taasisi. Akkasumas gilgaalota xumura boqonnaa irratti kennaman deebii qajeelcha kana keessatti kenname waliin

ilaalun duub-deebii kenni. Kana malees, naannoo isaanitti Seerri eegumsa mirga dubartiifi dubraaf bahe yoo jiraate maal akka fakkaatu maatii gaafatanii akka walitti himan taasisi.

### **Deebii Gaaffilee hubannoo 1**

1. Seerri Uwwaa jechuun seera mirga, kabajaafi safuu dubartootaa ittiin eeganiifi eegsisaniidha.
2. Seerri Uwwaa mirga, kabaja, safuufi woyyooma dubartootaa eegsisuuf bahe.

### **Deebii gaaffilee hubannoo 2**

1. Adabbii salphaa gorsa afaanii, gosti itti bahee tumuu, horii maalaa tokko irraa fuudhuu, akkuma cimina yakkichaatti loon kaffalchiisuu fakkeenyaaf nama bonkoo dubartii tuqe loon torba adabama. Qabeenyi sababa adabbiif kaffalamu kun karra mataa jedhama.
2. Dhaddacha, ollaa, jaarmiyaalee akka addooyyee fi siinqee

### **Deebii Gilgaala 1**

1. Dhugaa
2. Soba
3. Dhugaa

## Deebii Gilgaala 2

1. C
2. A
3. D

## Gilgaala 3

Gaaffii kana barattoonnii naannoo isaanitti namni safuu cabsee mirga dubartiifi durbaa sarbe maalin akka adabaman yoo fidan deebiidha.

## Boqonnaa 7: Jaarmiyaa Siinqee

### Wayitii: 7

#### Kaayyoo

- Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun;
- ☞ gahee jarmiyaan Siinqee mirga dubartootaa kabachiisuu keessatti qabu nibarata/ti.

#### Gahee Barsiisaa/tuu:

Barsiisaa/tuu, barnoota kana barsiisuuf mata-duree dhiyaate kanaan walqabatee dursa barreeffamoota gara garaa dubbisuu hindagatiin. Boqonnaan kun Jaarmiyaa Siinqee irratti akka xiyyeeffatu dursii barattoota hubachiisi.

Barsiisaa/tuu! Mata-duree kana maloota adda addaatiin dhiyeessi. Fakkii dubartoota siinqee qabatanii kitaaba barataa irra jiru barattootatti agarsiisi. Sirna Gadaa keessatti mi'oota ulfoo ta'an kan akka kallachaa, bokkuu, caaccuufi kan kana fakkaatan irraa adda ishee godhu akka ibsan taasisi. Qabiyyeen boqonnaa kanaa keessatti Jaarmiyaan siinqee mirga dubartootaa akka kabachiisuufi haadha Siinqeetiin akka ijaarame barattoota



hubachiisi. Bifuma wal fakkaatuun, gaaffilee hubannoo gidduu gidduu barreeffamaatti kennaman hojjachisuun duub-deebii kenni.

Itti aansuun, barreeffama waa'e Jaarmiyaan Siinqee mirga dubartootaa kabachiisuufi araara buusuu ilaalchisee keeyyata keeyyataan dubbisiisi. Sana booda waan dubbisanii hubatan akka walitti himan gochuun duub deebii kenni. Itti fufuun, Oromoon seera Jaarmiyaa Siinqee akka kabaju barattoota hubachiisi.

Dhuma irratti, Jaarmiyaan Siinqee Sirna Gadaa keessatti jaarmiyaa akkamii akka ta'eefi ulfina inni hawaasa keessatti qabu manguddoo gaafatanii dareetti akka waliif ibsan godhi. Gilgala kenname hojjachiisuun hubannoo argachuu isaanii mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaaffii hubannoo 1**

Yoo abbaan warraa haadha warraa qanafaa qabdu yakke, dubartii golatti dheessitee siinqee qabattee yoo rukute, yoo ilmi haadha yakkeefi safuun hawaasa cabedha.

### **Deebii Gaaffii hubannoo 2**

Dubartoonni Jaarmiyaa Siinqeetti fayyadamuun mirga isaanii kabachiisuun alatti wantoota armaan gadii raawwataafi raawwachiisu. Isaanis;

- a. Waraanni gosa gidduutti dhalatee osoo wal lolaa jiran dubartiin siinqee qabattee ililfattee walakka lolaa yoo seentee, waranni battalumatti dhaabbata.
- b. Warra nageenya hawaasaa kabachiisuuf bobba'an faltee, eebbistee, siinqee hulluqsiftee gaggeessiti.
- c. Rakkoolee hawaasa qunnaman kan akka hanqina roobaa, beela, dhibeefi kan kana fakkaatan hambisuuf jaarmiyaa isheetti fayyadamtee malkaatti baatee Waaqa kadhattee hambisti.
- d. Miseensi gosaa tokko balaa gara garaatiin yoo qabeenya dhabee hiyyoome karaa jaarmiyaa isaaniitiin hirpha gaafataniifii rakkoo keessaa baasu.

### Deebii Gilgaala

1. Dhugaa
2. Soba
3. Jaarmiyaan Siinqee
4. B
5. Wal dhabdeen gosaa yoo ka'e, abbaan warraa yoo haadha warraa qanafaa qabdu dhaane, safuun hawaasaa yoo cabe, dubartii siinqeetti baqatte abbaan warraa yoo rukute, nama rakkateef hirpha gaafachuuf.

## Boqonnaa 8: Caaseffama Oromoo

### Wayitii: 7

#### **Kaayyoo**

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun;

☞ caaseffama Oromoo nibarata/ti; addaan nibaafata/ti.

#### **Gahee Barsiisaa/tuu**

Barsiisaa/tuu, boqonnaan kun waa'e caaseffama Oromoo ta'uu barattoota hubachiisi. Qabiyyee boqonnaa kanaa keessatti maalummaa maatii, ollaa, reeraa, dheedaa, gabalaa (Yaa'a), caaseffama Oromoo keessatti ga'ee isaanii tokko tokkoon ibsiif.

Kana booda, dubbisa dhiyaate irratti mariisisuun waan hubatan akka walitti himan taasisi. Adeemsa kana keessatti, maal akka irraa hubataniifi barataan hordofuun duub-deebii kenni. Bifuma wal fakkaatuun, gaaffilee hubannoo gidduu gidduu barreeffamaatti kennaman hojjachisuun duub-deebii kenni.

Xumura irratti, caaseffamni Oromoo naannoo isaanii jiru maal akka fakkaatu maatii gaafatanii dareetti akka himan taasisi. Gilgala

kenname hojjachiisuun hubannoo argatan mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaaffii hubannoo 1**

1. Akkoo, akaakayyuu, ijoollee isaanii fuudhan maatii isaanii waliin akkasumas ijoollee isaanii hinfuudhan hammata. Iddoo tokko tokkotti, namoota akaakileefi abaabilee isaanii tokko ta'an hedduus hammachuu danda'a.
2. Abbaa Reeraa

### **Deebii Gaaffii hubannoo 2**

1. Yaa'a (Gabalaa)
2. Reera.

### **Deebii Gilgaalotaa**

#### **Deebii Gilgaala 1**

1. Dhugaa
2. Soba
3. Dhugaa

#### **Deebii Gilgaala 2**

1. D
2. A
3. A

### Deebii Gilgaala 3

1. Reera
2. Dheeda
3. Abbaa Dheedaa, Gadaa Rogaatiin bula.

### Deebii Gilgaala 4

Barattoonni caaseffama Oromoo naannoo isaanii jiru kamiyyuu ragaa waliin yoo fidan deebii ta'a.

## Boqonnaa 9: Seera Maatii

### Wayitii: 6

#### Kaayyoo

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun;

- ☞ Sirna Gadaa keessatti maalummaa seera maatii nibarata/ti.

#### Gahee Barsiisaa/tuun:

Gahee Barsiisaa/tu, barnoota kutaa kanaa waa'ee maalummaa maatii gaafachuun jalqabi. Barattoonni akka deebisan jajjabeessi. Sana booda, miseensotni maatii eenyuu faa akka ta'aniifi gaheen isaanii maal maal akka ta'e gaafadhu.

Qabiyyeen boqonnaa kanaa keessatti gahee miseensotni maatii qaban, seerota haadha warraafi abbaa warraa, seera angafaafi quxisuu, seera horannaafi bulfannaa qabeenya duraa duubaan barattootaaf ibsi.

Kana booda, dubbisa dhiyaate irratti mariisisuun waan hubatan akka walitti himan taasisi. Adeemsa kana keessatti, maal akka irraa hubataniifi barataan hordofuun duub-deebii kenni. Bifuma

wal fakkaatuun, gaaffilee hubannoo gidduu gidduu barreeffamaatti kennaman hojjachisuun duub-deebii kenni.

Xumura irratti, Seera maatii naannoo isaanii jiru maal akka fakkaatu maatii isaanii gaafatanii dareetti akka ibsan taasisi. Gilgala kenname hojjachiisuun hubannoo argatan mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaaffilee hubannoo 1**

Miseensotni maatii bu'uuraa abbaa warraa, haadha warraafi ijoollee of keessatti hammata. Yeroo tokko ammoo akkoofi akaakayyuus dabalachuu danda'a.

### **Deebii Gaaffilee hubannoo 2**

Abbaafi haati hoggantoota maatiiti, nikabajamu. Abbaan akka Waaqaatti, haati akka lafaatti ilaalamu. Sababiin isaa abbaafi haati woyyuudha. Abbaan qotee, dhama'ee maatii jiraachisa. Haati garaatti ji'a sagal, dugdatti waggaa sadiifi isaa ol baattee ijoollee guddifti. Haga fuudhanii heerumanaitti maatii ijoollee kunuunsanii guddisuun mana itti dhaabu. Kanaaf kabaja gudda qabu.

### **Deebii Gaaffilee hubannoo 3**

Seerri angafaa - quxisuu kan angafni itti gaafatamummaa quxusuu kunuunsuufi dursa kennu qaba, quxisuun ammoo angafa kabajuufi angafaaf abboomamu qaba.


## Gilgaala 1

1. Dhugaa
2. Dhugaa
3. Haati nama bira jiraatti; nama guddifti, namaaf laatti, namaaf laafti, nama dandeessi. Abbaan nama irraa fagaatee deema; fagaatee deemee waan maatiin ittiin jiraachisu fida, nigargaara nisodaatama.
4. Seerri angafaa - quxisuu kan angafni quxusuu kunuunsuufi dursa kennu; quxisuuf yaadu, akka abbaa/haadhaatti guddisu yoo ta'u; quxisuun ammoo angafa kabajuufi angafaaf abboomamuudha.
5. Seera haadhaafi abbaa, seera hangafaafi quxisuufi seera horannaafi bulfannaa qabeenyaati.
6. Barattoonni waa'ee seera maatii naannoo isaanii kamuu ibsuu danda'u. Fakkeenyaaf, waa'ee angafaafi quxisuu keessatti dabaloo kaasuu danda'u: Obbolaan walitti aananii dhalatan; akka masaanuutti wal lolu. Seerri wal'aannaa sanaan fakkeeffamee uumame; warri walitti hinaanne ammoo wal jaallatu, wal deggeru, tumsa waliif kennu; kunis Walannaa Sirna Gadaan walfakkaata. Akkasumas, seera abbaa warraafi haadha warraa, seera angafaa-quxusuufi seera qabeenyaa naannoo isaanii kamuu fiduu danda'u.



## Boqonnaa 10: Eegumsaafi Kunuunsa Bosonaa

Wayitii: 7



### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, waa'ee bosonaa barattoota gaafadhuu hubannoo isaan qaban adda baasi. Itti aansuun, Gadaan seerota adda addaa tumuu isaa hubachiisi. Seerota Gadaan tume keessaas, seerri bosonaaf tumame isa tokko ta'uu ibsiif. Mukni jireenya ilma namaa guyya guyyaa keessatti bu'aa guddaa qabaachuu isaa ibsiif.

Kana malees, lubbu qabeeyyiif haala walfakkaatuun uumamaa eegamee lubbuun jiraachuuf bosonni murteessaa ta'uu hubachiisi. Bosonni madda soorataa, dawoo jireenyaa, gaaddisa, qorichaafi kan kana fakkaataniif ooluu isaa ibsiif. Kana malees, ilmi namaa

mukkeen naannoo isaa jiran fayyadamuun jiloota aadaafi amantii geggeeffachuuf akka dhimma itti ba’u hubachiisi.

Dabalataan, bakka bosonni hinjirre dhala namaas ta’ee uumamni lubbuu qabu kamiyyuu jiraachuun ulfaataa ta’uu isaa barattoota hubachiisi. Oromoo biratti muka muranii mancaasuun akka seera uumaa cabsuutti ilaalamuu isaas hubachiisi. Kana malees, Seeronni Gadaa mukkeeniif tumaman hawaasa naannootiin akka kabajaman barattootaaf ibsi. Gidduu gidduutti gaaffilee hubannoo dhiyaatan hojjechiisuun deebii qajeelcha barsiisaa /tuu keessa jiru waliin wal bira qabuun sirreeffama kenni.

Itti aansuun, seerota Gadaa eegumsaafi kunuunsa bosonaatiif tumamanii kitaaba barataa irratti dhiyaatan duraa duubaan ibsi. Seerota tarreeffaman sanas barattootaaf ibsi. Seerota mukkeeniif tumaman kanneenis hawaasni akkamitti hojii irra oolchuu akka qaban barreeffama kitaaba barataa irratti dhiyaate irraa ibsiif. Seerota mukkeeniif tumaman cabsuun dhorkaa ta’uu isaa akka qalbeeffatan taasisi.

Dhuma irratti, naannoo isaaniitti seerota eegumsaafi kunuunsa bosonaatiif tumaman maatii gaafatanii dareetti akka waliif ibsan taasisi. Gilgala kenname hojjachiisuun hubannoo argatan mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

**Deebii Gaaffii hubannoo 1**

Bosonni madda soorataati, dawoo jireenyaati, gaaddisaafi qoricha ta'ee lubbu qabeeyyii tajaajila.

**Deebii Gaaffii hubannoo 2**

Akka mukeen gurguddoo sanaa ilmaa isaa maqaa guddaa akka qabaatan hawwii qabu agarsiisuuf

**Deebii Gaaffii hubannoo 3**

Yoo akka tasaa ibiddi ka'ee bosona qabate; bishaan sanaan akka dhaamsuuf jedhameeti.

**Deebii Gilgaala 1**

1. soba
2. Dhugaa
3. Dhugaa

**Deebii Gilgaala 2**

1. D
2. D
3. A

**Deebii Gilgaala 3**

1. Madaallii uumamaa eeguu, madda soorataa, dawoo jireenyaa, gaaddisa, qorichaafi kan kana fakkaatan ta'uu danda'a.
2. Gadaan seera tumee bosonni akka hinmuranne waan dhoo rkeef; akka nama seera waaqaa cabseetti waan ilaalamuuf
3. Marga jiidhaa ciranii irra kaa'uudhaan "jibbaaf sin murre; haajameen simure" jechuun itti dhibaafatu.
4. Jilootni adda addaa mukkeen jilaatiin waan raawwatamaniif sirna Gadaa keessatti mukkeen gahee olaano qabu. Fakkeenyaaf, mukkeen jilaa kanneen akka Me'ee, Daannisaa, Dhaddachaa, Dambii fi Eebbaa muka Dhibaayyuu, Hulluuqqoofi kormaa korbeessaa woyyuu waan ta'aniif mukkeen safeeffatamaniifi hinmuranneedha.

#### **Deebii Gilgaala 4**

Naannoo isaaniitti seera eegumsaafi kunuunsa bosonaaf jiru yoo fidan sirriidha.

# SIMISTEERA LAMMAFFAA

## Boqonnaa 11 Eegumsaafi Kunuunsa Bineensotaa

Wayitii: 6

### Kaayyoo

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun;

- ☛ Sirna Gadaa keessatti, seera bineensi itti eegamuufi kunuunfamu nibarata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, waa'ee bineensotaa barattoota gaafadhuu hubannoo isaan qaban adda baasi. Itti aansuun, Gadaan umama hundaaf seera tumuu isaa hubachiisi. Seerota Gadaan tume keessas, seerri bineensotaa isa tokko ta'uu ibsiif. Gadaa keessatti dhalli namaafi bineensonni madaala uumamaa eeganii waliin jiraachuuf seera tumuu isaa hubachiisi. Seera kana kabajuun ammoo, akka seera Waaqaa kabajuutti ilaalamuu isaa hubachiisi.

Kana malees, seeronni bineensotaa kun, haala qabatamaa bineensotaafi qilleensa naannoo irratti hundaa'uun kan fooyya'u ta'uu isaa hubachiisi. Kunis, akkuma baay'inni namaa dabalaa dhufeen dhiibbaan bineensota irra gahu hammaachaa waan deemuuf ta'uu akka hubatan taasisi. Seeronni kunis, jireenya

bineensotaatiif dawoo akka ta'eef ibsiif. Gidduu gidduutti gaaffilee hubannoo dhiyaatan hojjechiisuun duub-deebii kenni. Gidduu gidduutti gaaffilee hubannoo kitaaba barataa keessatti dhiyaatan akka hojjatan gochuun deebii qajeelcha barsiisaa/tuu keessa jiru waliin wal simuu isaa mirkaneeffadhu.

Itti aansuun, seerota bineensotaaf tumamanii kitaaba barataa irratti dhiyaatan duraa duubaan barattootaaf dhiyeessi. Seerota kanneen hawaasni akkamitti akka hojiitti hiiku barreeffama kitaaba barataa irratti dhiyaate irraa ibsiif. Namni seerota kanneen cabse hawaasa keessatti akkamitti akka ilaalamu barattoota hubachiisi.

Dhuma irratti, naannoo isaaniitti seerota eegumsaafi kunuunsa bineensotaaf tumaman maatii gaafatanii dareetti akka waliif ibsan godhi. Gilgala kenname hojjachiisuun hubannoo argatan mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaaffii hubannoo 1**

Dhalli namaafi bineensonni madaala uumamaa eeganii akka waliin jiraataniif. Akkasumas, Oromoon uumama hundaafuu safuufi mararfannaa waan qabuuf uumama Waaqaa tiksee kabaja uumaa isaaf qabu mul'isuudhaafi.

**Deebii Gaaffii hubannoo 2**

Bineensota bosonaatiif naanniga horiin keessaa dhugu sanatti bishaan guutuu qaba.

**Deebii Gaaffii hubannoo 3**

Bineensota lafa irraa baduuf jedhan dandamachiisuuf jedhameeti.

**Deebii Gilgaala 1**

1. Dhugaa
2. Dhugaa

**Deebii Gilgaala 2**

1. B
2. D
3. A
4. B

**Deebii Gilgaala 3**

1. Sababa baay'ina ummataatiif dhiibbaan bineensota irra gahu hammaachaa waan deemuuf
2. Tuffatamaa ta'ee qoqqobbiin irra kaa'ama.
3. Gosa galchuudhaan dandamachiisuu. Fakkeenyaaf Gadaan Arsii Qorkee sababa adamootiin lafa irraa baduuf turan gosa galchuu yoo jedhan sirriidha.

**Deebii Gilgaala 4**

Seera eegumsaafi kunuunsa maatii gaafatanii yoo fidan sirriidha.



## Boqonnaa 12: Seera Haraa-Eelaa

Wayitii: 7

### Kaayyoo

- Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun;
- ☛ Sirna Gadaa keessatti haala Haraa-Eelli itti eegamuufi kunuunfamu nibarata/ti.

### Gahee barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, boqonnaa kana keessatti maalummaa Haraa-Eelaa seera Hara-Eelaafi namoota Haraa-Eelaatti fayyadaman duraa duubaan akka baratan ibsi.

Itti aansuun fakkii Eelaa kitaaba isaanii irra jiru barattoota agarsiisuun maalummaa hubachiisi. Kan biroon fakkii Haraa kitaaba isaanii keessatti dhiyaate agarsiisuun walfakkeenyaafi garagarummaa Haraafi Eelaa barattoota hubachiisi. Gidduu gidduutti gaaffilee hubannoo kitaaba barataa keessatti dhiyaatan akka hojjatan gochuun deebii qajeelcha barsiisaa/tuu keessa jiru waliin wal simuu isaa mirkaneeffadhu.

Dabalataan seerri Haraa-Eelaa eenyuun akka ba'u, faayidaan seera kanaan buluu maal akka ta'eefi koreen seera Haraa-Eelaa bulchu eessaafi eenyuun akka filamu hubachiisi. Akkasumas, namni seera kana cabse akka adabamu barattoonni akka hubatan taasisi.

Barsiisaa/tuu, barattoonni maatii yookiin namoota kana irratti hubannoo qaban gaafatanii yookiin qaamaan Haraa-Eela doowwachuun kutaa keessatti hiriyyoota isaaniif akka ibsan taasisi. Dhuma irratti, gilgaala hojjachiisuun barattoonni hubachuu isaanii mirkaneeffachuun duubdeebii kenni.

### **Deebii Gaaffii hubannoo 1**

Bishaan akka hinqisaasamneefi qulqullinni Eelaa eegsisuuf gargaara.

### **Deebii hubannoo 2**

1. Haraa-Eelatti fayyadamuu kan danda'u miseensota miiloo yookiin hawaasa bal'aati.
2. Gochaaleen Seera Haraa-Eelaa cabsuun nama adabsiisan;
  - Qaama miseensi miiloo yookiin gosa horsiisee bula akka hindhugne dhoorke,
  - Qaama miseensa horsiisee bulaa eela hinqabne, garuu kan warra eela qabu irraa akka hindhugne dhoorke,
  - Qaama Hayyuufi Lichoof akka dhugan dursa kennuu dide,

- Qaama naannaga qopheessee horii isaa ittiin hinobaafne,
- Qaama qulqullina Haraa- Eelaa hineegne,
- Qaama Eela duude haaromsuuf buusii irratti murtaa'e  
kafaluu dideefi kan kana fakkaataniidha.

### Deebii Gilgaala 1

- 1) b
- 2) a
- 3) a
- 4) b

### Deebii Gilgaala 2

1. Hawaasa bal'aati
2. Hayyuufi Liichoo
3. Sangaa Eelaa yookiin  
gumaata
4. Konfii
5. Naannigaa

## Deebii Gilgaala 3

### 1. Garaagarummaan bishaan Haraafi Eelaa

Lakk	Bishaan Haraa	Bishaan Eelaa
1	Bishaan lolaa (galoo) roobaatiin lafa dooqaa iraatti kuufamuun uumama	Bishaan boolla gadifageenyaan qotamee baha
2	Qulqullina bishaaniitiin rakkoo qaba	Qulqullina bishaaniitiin fooyyee qaba
3	Haala salphaan faalamiinsaaf kan saaxilameedha.	Haala salphaan faalamiinsaaf hinsaaxilamu
4	Yeroo dheeraaf tajaajiluu hindanda'u	Yeroo dheeraaf tajaajiluu danda'a

### 2. Wanti Haraa-Eelli itti walfakkaataniin;

- Itti-fayyadamaan walqabatee lachuu seera Abbaa Gadaatiin baheen bulu.
- Lamaanuu konfii (Abbaa Haraa) qabu.
- Lamaanuu Abbaa Herregaa (Koree bulchu) qabu.

### 3. Miidhaa Seera Haraa-Eelatti sirnaan itti-fayyadamuu dhabuu fiduu danda'u;

- Haraa-Eelli qulqullina dhabuu danda'a.
- Haraa-Eelli yeroo dheeraaf tajaajiluu hindanda'u.

- Madda walitti bu'iinsa fayyadamtootaa ta'uu danda'a.
4. Bishaan dhugaatii Haraa-Eelaa keessaa Eelatuu filatama.  
Sababiin isaas;
- Qulqullinni bishaan isaa fooyya'aadha.
  - Umriin tajaajila isaa kan Hara irra dheeraadha
  - Eegumsi Eelaaf godhamu kan Haraa irra salphaadha.
5. Hawaasni horsiise bulaa seera Haraa-Eelaaf baafachuun kunuunsa akka taasisuufi walitti bu'iinsa hir'isuun akka itti fayyadamaniiifi kan kana fakkaatan jechuu danda'u. Atis deebii barattootni kennan jajjabeessi dogoggora yoo jiraate ammoo sirreessuun duubdeebii kenni.

## Boqonnaa 13: Odaa

### Wayitii: 7

#### Kaayyoowwan

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun;

- ☞ maalummaa Odaa ni'ibsa/ti;
- ☞ Odaan maaliif mallattoo Oromoo akka ta'ee adda nibaafata/ti.

#### Gahee barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba Odaan muka woyyuu Oromoon baay'ee kabaju, mallattoofi aasxaa Oromoo ta'uu hubachiisi. Itti aansuun, Odaan Oromoof faayidaa akkamii akka kennu, Odaa jalatti maal akka mari'atuufi hinmari'anne ibsi.

Inni biro, Odaa mukkeen biroo irraa maaltu adda akka godhu hubachiisi. Sana booda, waan hubatan akka walitti himan taasisuun hordofii duub deebii kenni. Itti fufuun, Oromoon Odaa maaliif akka jaallatuufi mallattoo isaa godhee akka filate barattoota

hubachiisi. Akkasumas, Odaan maal maalitti akka fakkeeffamu ibsi. Gidduu gidduutti gaaffilee hubannoo dhiyaatan hojjechiisuun duub-deebii kenni.

Dhuma irratti, barattoonni naannoo isaaniitti Odaan muka akkamii akka ta'eefi mallattoo inni hawaasa keessatti qabu manguddoo gaafatanii dareetti akka waliif ibsan godhi. Gilgala kenname hojjachiisuun hubannoo argatan mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

**Hubachiisa:** Akka waliigalaatti Odaalee (Caffee Gadaa) bakka adda addaatti hundeeffamanii wiirtuu bulchiinsa Gadaa ta'anii tajaajilaa jiran kutaa Torba keessatti akka baratan itti himi.

### **Deebii Gaaffii hubannoo 1**

Odaan muka umamaan lalisaa kan bonaafi ganna baala hinharcaafanne waan ta'eef, gaaddisa isaa jalatti aduun nama hingubu. Akkasumas, jawwee, boftiifi marrataan itti hingalu waan ta'eef, sodaa hinqabu. Jaldeessi, qamaleefi weenniin waan irra hinbulleef qulqullina qaba.

### **Deebii Gaaffii hubannoo 2**

Bakka Odaan jiru jireenyi qananiidha; sababni Odaan gaaddisa bal'aa waan qabuuf aduun jalatti nama hingubu, bishaanis Odaa jalaa waan hindhabamneef, firiin isaas waan nyaatamuuf bakka Odaan jiru Oromoon baay'ee jaallata.

### Deebii Gilgaala 1

1. Odaa bakakkaan hindha'u. Bineesonni akka bofaa, lootuufi buutii itti hingalan. Qamalee, jaldeessaafi weennii irra hinbulan. Odaan halkan daaraara, kanaaf icciitii eega jedhamee yaadama. Dameen isaa bal'atee waan lafa ga'uuf sagaleen Odaa jalatti dubbatamu bakkeetti hindhaga'amu. Cobni Odaa mukeen kaan hinguucarsu.
2. Wal harkaa fuudhinsi baallii, mariiwan hawaasaa jalatti mari'atamu. Odaan Galma Abbaa Gadaati. Akkasumas, Odaan firii qaba; firii isaas irraa nyaatama.
3. Odaan akka mallattoo araaraa, faajjii Oromoofi mallattoo tokkummaa ummata Oromootti ilaalama.

### Deebii Gilgaala 2

1. Odaa Bisil
2. Odaa Bultum
3. Odaa Bulluq
4. Odaa Roobaa
5. Odaa Nabee
6. Odaa Borbor



### Deebii Gilgaala 3

Waa'e Odaafi mallattoo inni hawaasa naannoo sanaa keessatti qabu kamuu ta'uu danda'a.

## Boqonnaa 14: Geerarsa

Wayitii: 6

### Kaayyoowwan

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun;

- ☞ maalummaa geerarsaa ni'ibsa/ti;
- ☞ ergaa geerarsaa adda nibaafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, qabiyyee boqonnaa kanaa keessatti geerarsi ogafaan gootni jabduu dalage ittiin baannatuufi namni miira keessa ofii ittiin ibsatu ta'uu ibsi. Gootni osoo of faarsuun dursee wantoota sirna Gadaa keessatti woyyuu ta'an keessaa abbaa, haadhaafi dachee akka faarsu barattoota hubachiisi. Itti aansuun geerarsi kun hayyuu, gootaafi arjaa akka faarsa. Isaanis saba isaaniif waan waa gumaachaniif ulfoo akka ta'an ibsi. Wantootni woyyuu ta'an kun sirna Gadaa keessatti kabajaafi ulfina guddaa akka qabaniifi seerri dursee akka lallabamuuf barattoota hubachiisi.

Itti aansuun, geerarsa kitaaba barataa irratti dhiyaate geeraruun barattoonni akka si wajjiin geeraran taasisi. Sana booda, barattoonni dabareen tokko tokkoon fuul duratti ba'anii akka

geeraraniifi warri hafan akka jalaa qaban taasisi. Itti fufuun, geerarsa dhiyaate irratti akka mari'atan taasisuun ergaa isaa akka walitti himan godhi. Adeemsa kana keessatti, maal akka irraa hubataniifi dinqisiifatan hordofuun duub-deebii kenni. Geeraraan osoo jabduu ofii hinfaarsuun wantoota ulfoo ta'an kanneen akka abbaa, haadhaa, lafaa, arjaa, hayyuu, gootaafi lammii geerarsaan akka faarsu hubachiisi. Gidduu gidduutti gaaffilee hubannoo kitaaba barataa irratti dhiyaate hojjachiisuun hubannoo isaanii mirkaneeffadhuu dogoggorri yoo jiraate duub-deebii kenni.

Xumura irratti, geerarsa biroo kan beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka fidanii geeraran godhi. Gilgaala kenname hojjachiisuun hubannoo argatan mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaaffii Hubannoo 1**

1. Abbaafi haati woyyuu waan ta'aniif
2. Dacheenis Woyyuu waan taateef, nama hunda waan baattuuf, irraa qonnee waan nyaannuuf

### **Deebii Gaaffii Hubannoo 2**

Roorroo alagaa jalaa nama baasa, yoo deegan nama hirpha; gaddaafi gammachuuttis lammii keetu sibira dhaabbata.

### Deebii Gilgaala 1

1. Geerarsa goota mirga qabutu jalqaba, waan jabduu ittin hojjate waan ittiin himatuuf
2. haadha, abbaa, dachee, lammii, goota, hayyuufi arjaa
3. Beekaa, gootaafi arjaa?
4. Sirna Gadaa keessatti seerri yoo lallabamu jalqaba warra ulfoo yookiin woyyuu ta'aniif lallabama. Geeraraan kunis wantoota ulfoo ta'an kan akka abbaa, haadhaafi dachee (lafa) faarsee eegaluun isaa duudhaa Gadaa qabaachuu isaa agarsiisa.

### Deebii Gilgaala 2

1. B)
2. D
3. B)

### Deebii Gilgaala 3

Oromoon bara H/sillaasee waan hojjatu abbaa lafaaf qooda ture. Geerarsi kunis aariifi diddaa abbaa lafaa gabbaruu kana ibsachuuf geerame. Geeraraan kun, waan qote abbaa lafaaf qoodee ofii buqqeefi dinnichaan jiraata. Dhaddeen ammoo, buqqeefi dinnicha jaallatti. Kanaafuu, dhaddee waliin wal saama waan jiraataniif jiruu kana tuffate.

## Deebii Gilgaala 4

Barattoonni geerarsa, mirrisa, dhaaduu, faaruufi waan geerarsa fakkaatu naannoo isaanii jiru kamuu fiduu danda'u.

## Boqonnaa 15: Weedduu Lafoo

Wayitii: 6

### Kaayyoowwan

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun;

- ☞ maalummaa weedduu lafoo nibarata/ti;
- ☞ ergaa weedduu lafoo adda nibaafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisa/tu, weedduun lafoo kan weeddifamu dubartootan (durbaan) yemmuu ta'u; akkuma dhiirti geerarsaan abbaa, haadha, goota, lammiifi biyyaa ittiin faarsuu dubartiin ammo weedduu lafoon akka faarsitu ibsi. Weedduun lafoo yeroo gootni injifatee mirgaan galu, bakka cidhaafi dabootti niweeddifama. Dubartoonni weedduu lafoon goota faarsanii warri dhiiraa akka geeraran onnachiisuu barattoota hubachiisi. Sababiin isaa ammoo weedduun lafoo nama yookiin dhiira gootomsa waan ta'eef; dubartoonni weedduu lafoon dhiira onnachiiftee akka geeraru kakaasti. Gidduu gidduutti gaaffilee hubannoo kitaaba baraataa irratti dhiyaate hojjachiisuun deebii isaanii kan qajeelcha barsiisaa/tuu keessa jiru waliin walbira qabii duubdeebii kenni.

Barsiisaa/tuu, weedduu lafoo bifa walaloon kitaaba barataa irratti dhiyaate faarsuun barattootni akka siwajjiin weeddisan taasisi. Sana booda, barattoonni dabaree dabareen fuulduratti ba'anii akka faarsan warri hafan ammooakka jalaa qaban taasisi. Itti fufuun, weedduu lafoo dhiyaate irratti mari'achuun ergaa isaa akka walitti himan taasisi. Adeemsa kana keessatti, maal akka irraa hubataniifi dinqisiifatan gaafadhuu hubannoo isaanii adda baasuun duub-deebii kenni. Weedduun lafoo waan dubartoonni ittiin goota faarsan ta'uu hubachiisi.

Xumura irratti, weedduun lafoo (faaruu goota) biroo kan beekan yookiin maatii gaafatanii dareetti akka weeddisan taasisi. Gilgala kennaman hojjachiisuun hubannoo argatan mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaaffilee hubannoo 1**

1. Waanbaraan naannoo Benishaangul Gumuz, Godina Matakallitti kan argamu lafa Oromoon Maccaa keessa jiraatu ta'ee biyya gootaati, kanaaf abbaan biyya gootaa kana ga'uu ibsuuf sirbame.
2. Biyyaaf, sabaaf waan gaarii hojjatanii maqaa abbaa ofii waamsisuufi beeksisuudha.

## Deebii Gaaffii hubannoo 2

Weedduun kun naannoo Matakallitti sirbama. Dubartootni achi jiran kun Oromoo Oromiyaa jiraatan kan isaan irraa fagoo kan maqaa hinbeekne ta'uyyuu akka jaallatan ibsachuuf kan weeddifamedha.

## Deebii Gaaffilee hubannoo 3

1. Goota dhaadhessiti, dabeessa qeeqxi
2. Luugna qeeqxee gootomsuuf, onnee itti horuuf

## Deebii Gilgaala 1

1. Dhugaa
2. Soba
3. Dhugaa
4. D
5. Weedduu lafoo

## Deebii Gilgaala 2

1. Weedduu Lafoon dubartoonni abbaa, haadha, gosa, lammii, gootaafi nama biyyaaf duule faarsiti.
2. Lugna onnachiiftee gootomsuuf

## Deebii Gilgaala 3

Barattoonni Faaruu (weedduu) dubartoonni abbaa, haadha, gootafi lammii ittiin faarsan kan naannoo isaaniitti beekamu yoo dhiyeessan sirriidha.



## Boqonnaa 16: Ateetee

Wayitii: 6

### Kaayyoowwan

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun;

- ☞ maalummaa Ateetee nibarata/ti;
- ☞ gahee Ateeteen dubartootaaf qabdu addaan nibaafata/ti.

### Gahee Barsiiftuu/saa

Barsiisa/tu, jalqaba irratti maalummaa Ateeteefi eenyu akka Ateetee bulfatu barattoota gaafachuun hubannoo duraan isaan qaban adda baafadhu.

Itti aansuun, qabiyyeewwan boqonnaa kana keessatti dhiyaatan maalummaa ateetee, gosoota Ateetee falaafi ateetee goraa barattootaaf ibsi. Akkasumas, ateetee Furmaa (Amajjii), ateetee Hagayyaa (gindi-hiika) ateetee Sadaasaa (jaarii loonii) ateetee galataa hundi isaanii gosoota Ateetee falaa ta'uu isaanii barattoota hubachiisi. Qabiyyeen Ateetee falaa hedduminaan galataafi kadhaa Waaqaa akka ta'e hubachiisi.

Kan biroon, Ateeteen goraa woyyooma dubartii akka tiksitu, mirga shamarraniifi dubartootaa akka eegdu, dubartoonni dhiira isaan arrabsu, salphisu, rukutu, mirga isaanii sarbu ittiin adabsiisaniifi seera Gadaan dubartummaaf tume ittiin akka kabachiifachifatan ibsi. Gidduu gidduutti gaaffilee hubannoo hojjachiisuun hubannoo barattoonni isaan argatan adda baafachuun jajjabeessi.

Akkasumas, irratti gilgaalotaafi shaakala adda addaa dhuunfaafi gareen hojjachiisuun hubannoo isaan argatan mirkaneeffadhu. Dhuma irratti barattoonni gosoota ateetee naannoo isaanii jiru maatii gaafatanii dareetti akka walitti himan taasisuun hubannoo isaan mata duree kana irratti qaban mirkaneeffachuun duub deebii kenni.

### **Deebii Gaaffii hubannoo 1.**

1. Fayyaa, nageenya, gaarummaa, qajeelummaa, hormaata, misa kadhatu; galata galfatu.

2. Ateeteen falaa maqaalee akka Ateetee Furmaa yookiin Gorobbee, Ateetee duulaa, Ateetee gindoo-hiikaa, Ateetee facaasaafi Ateetee jaarrii jedhamuu danda'u.

### **Deebii Gaaffii hubannoo 2**

Ateetee Gindoo hiikaa maqaa ateetee hagayyaa, ateetee midhaaniifi ayyaana sanyii jedhamuun beekamti.

### **Deebii Gaaffii hubannoo 3**

Ateetee Jaarii maqaa Ateetee gannii loonii, Ateetee Sadaasaafi ayyaana birboo jedhamuun beekamti.

### **Deebii Gaffilee hubannoo 4**

Ateetee falaan hongee dheerate, ilmoo yokiin jabbii guddachuu didde, hanqina hormaataafi biqilaa ittiin falatan. Akkasumas, kan duulee galeefi kan ilmoo argate galateeffachuuf nifalatama.

### **Deebii Gilgaala 1**

1. Dhugaa
2. Soba
3. Soba
4. Soba

### **Deebii Gilgaala 2**

1. Ateetee Furmaa (Amajjii); ateetee da'umsaa yookiin shanan deessuu; Ateetee jaarii, ateetee duulaa, Ateetee araaraa, Ateetee gindoo hiikaa
2. Ateetee falaan kan falataniif kan kadhatan argataniif galata Waaqaa galchuufi kan fuuldura argachuu barbaadan Waaqaa kadhachuufiidha. Fakkeenyaaf, nageenyaafi hormaata sa'aa nama, araara namaafi waaqaa, sanyiin faca'e akka biqilu, kan biqile bubbeefi cabbiin akka hinmancaasneef Waaqaa

kadhachuuf kan dubartiin facaafattu yoo ta'u; Ateeteen goraa ammoo, mirga sirni Gadaa dubartootaaf tume kabachiisuuf kan dhaabbateedha.

3. Ateeteen ayyaana dubartootni heeruman sanyiifi hormaata qajeelfachuuf facaafataniidha. Ateeteen mallattoo nageenyaa, tasgabbiifi qajeelummaati. Uumaafi uumama qajeelchitee dabaafi hamaa hambisti jedhanii bulfatu.
4. Ateetee Furmaa (Gorobbee) amajji keessa, Ateetee Gindoo hiikaa ji'a Hagayyaa keessa, Ateetee jaarrii Sadaasa keessa, Ateetee Duulaa yeroo dhiironni eegumsa biyyaaf bobba'an yookiin deebi'anii galan, Ateetee goraa yeroo mirgi dubartootaa cabe eegsisuuf kabajama.

### Deebii Gilgaala 3

1. Gosoota ateetee naannoo isaaniitti bulfataman gaafatanii ibsuu danda'u. Kunneenis maqaan kanneen as keessaa irraa adda addummaa akka qabaatan eegama. Tibba, dhimmaafi deemsa kabajamaniin adda ba'anii walitti firoomfamuu danda'u. Atis kanneen isaan ibsan hordofii ulaagaalee adda baafamaniin walitti firoomuu isaanii itti himi.
2. Barattoonni faaruu Ateetee kamiyyuu maatii gaafatanii yoo fidan sirriidha.

## Boqonnaa 17: Galma Gadaa

Wayitii: 6

### Kaayyoowwan

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun;

- ☞ haala ijaarsa Galma Gadaa nibarata/ti;
- ☞ ijaarsi Galma Gadaa Oromoo maal akka agarsiisu addaan nibaafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti maalummaa Galma Gadaa barataaf ibsi. Itti aansuun, akkaataafi kallattii ijaarsa Galma Gadaa wal-duraa duubaan ibsiif. Akka boca Galma Gadaa hubachuu danda'an gochuun ijaarsi isaa kun maal akka agarsiisu ibsiif. Mukkeen Galma Gadaa irraa ijaaranis itti himi. Galama Gadaa abbaan Gadaa dongoree, dhiironni mukaafi quncee fidu, kan ijaaru garuu dubartoota ta'uu barattoota hubachiisi.

Gaaffilee hubannoo gidduu gidduu barreeffatti gaafataman hojjachisuun duub-deebii kenni. Ibsa kennaman irraa barattoonni waan hubatan akka walitti himan taasisi. Akkasumas, gilgaalota

xumura boqonnaa irratti kennaman deebiiwwan qajeelcha kana keessatti kenname waliin ilaaluun duub-deebii kenni. Kana malees, naannoo isaanitti ijaarsi *Galma Gadaa* maal akka fakkaatu maatii gaafatanii akka walitti himan taasisi. Barattoonni adeemsa kanaanis maalummaa *Galma Gadaafi* akkaataa ijaarsa *Galma Gadaa* hubachuu isaanii hordofuun duub-deebii kenni. Dhuma irratti, tokkoon tokkoon barataa maalummaa *Galma Gadaafi* akkaata ijaarsa *Galma Gadaa* hubachuu isaanii hordofuun duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaaffii Hubannoo 1**

1. *Galmi Gadaa, Galma Ardaa* jilaatti yeroo baallii yookiin geettii *Gadaa* ijaaramudha.
2. Ijaarsi *Galma* kanaa yeroo jilli Baallii wal harkaa fuudhuun dhiyaatu jalqabama. Tuutni *Gadaa* dursee guyyaa qubannaa murteesse lallaba. *Guyyaa* sanatti tuutni *Gadaa* ardaa jilaa sanatti mi'a isaanii fe'atanii godaanu. Erga miseensi tuuta *Gadaa* hundi godaanee walga'ee booda ijaarsi *Galmaa* jalqabama.

### **Deebii Gaaffilee hubannoo 2**

1. Abbaan *Gadaa* erga dongoree booda miseesoonni *Gadaa* warri dhiiraa dhaabaa itti naannessu. Kanarraa kan hafe dubartootatu ijaarsa *Galmaa* hundumaa raawwata. Kunimmoo

walqixummaa dhiiraafi dubartootaa agarsiisa. Warri dhiiraa qunceefi mukkeen barbaachisan dubartootaaf dhiyeessu.

2. Mukkeen galmi Gadaa ittiin ijaaramu mi'eessa, dhadacha, harooressaafi bakka mukkeen kunniin hin argamnetti kanuma naannoo jiruu ijaarama.

### **Deebii Gilgaala 1**

1. Dhugaa
2. Soba
3. Soba

### **Deebii Gilgaala 2**

1. Gara mirgatti
2. Gadaan Oromoo saddeetiin butama, afurtamaan maree, dhibba sadiifi afurtamaan jaatamu yookiin dhumatee tokko jedhee eegala. kana jechuun, Gadaan afurtamaan waan maruuf gogeessi angoo gadhiise afurtama abbaa isaatti deebi'ee gadooma. Gadaan afurtama sagal yoo mare, dhibba sadiifi jaatama (360) ta'a. Gadaan dhibba sadiifi jaatamaa ol darbee hinlakkaa'u; deebi'ee tokko jedhee eegala. Kanaafuu manni Oromoos geengoodha; Gadaan Oromoos geengoodha jechuudha.
3. Galmi Gadaa gogeessi Gadaa tokko isa kaanitti Baallii dabarsuuf ni'ijaarama. Akkasumas, erga Gadoome booda, Ardaalee Jilaa luba isaanii sanatti godaanu. Yeroo godaanu kana Galma sirna kana itti geggeeffatu barbaachisa. Kanaaf Galmi Gadaa ijaarama.

### Deebii Gilgaala 3

Barattoonni yaada adda addaa ibsuu danda'u. Garuu, eessattiyyuu galmi Gadaas ta'e manni Oromoo ganamaa geengoodha. Kun Gadaan saddeetiin butamuu, afurtamaan maruufi dhibba sadiifi afurtamaan (360) jaatamuu yookiin xumuramee tokko jedhee akka eegalu agarsiisa.



## Boqonnaa 18: Woyyuu

Wayitii: 7

### Kaayyoowwan

Dhuma boqonnaa kanaatti barataa/tuun;

- ☞ Sirna Gadaa keessatti maalummaa Woyyuu nibarata/ti;
- ☞ wantoota Woyyuu ta'aniifi maaliif akka woyyooman adda nibaafata/ti.

### Gahee Barsiisaa/tuu

Barsiisaa/tuu, jalqaba irratti, Woyyuu jechuun maal jechuu akka ta'e barattoota gaafadhuu hubannoo isaan qaban adda baasi. Itti aansuun, Woyyuu jechuun wantoota kabajaafi ulfina guddaa qaban akka ta'e; Gadaan wantoota Woyyuuf dursee seera akka tumu, seerri Woyyuu hunda dursee akka lallabamu barattoota hubachiisi.

Kana malees, wantootni Woyyuu ta'an baay'ee akka ta'an, isaan keessaa gurguddoon Waaqa, lafa, haadha, abbaa, soddaatii, soddaa, Qaalluufi Abbaa Gadaa ta'uufi duraa duuba Woyyummaa qabaniin qindeeffamuu barattootaaf ibsiif. Akkasumas, Waaqni Woyyuu jalqabaa akka ta'e, Oromoon Waaqaan akka bulu; kabajaafi ulfina

guddaa akka Waaqaa kennu akka hubatan taasisi. Lafti Woyyuu Lammaffaa, akka taate sababni isaa waan arginu kana hunda akka baattu; irraa qonnee akka nyaannu, horree akka yaafnu hubachiisi. Lafa jiran keessaa Ardaan Jilaa, Tulluun, Malkaan kabaja guddaa akka qabu; Oromoon Irreecha Arfaasaa Tulluutti; Irreecha Birraa ammoo Malkaatti akka Irreeffatu; kanaafuu Waaqatti aansee Oromoon lafaaf kabaja guddaa akka qabu hubachiisi.

Namoota lafa kana irra jiran keessaa haati kabaja hundaa olii akka qabdu; kanaaf haati abbaa caalaa Woyyummaa akka qabdu; soddaatiinis soddaa caalaa Woyyummaa akka qabdu barattootaa ibsi. Sababa isaa haatiifi Soddaatiin Woyyummaa lamaqabu. kan jalqabaa haadhummaafi soddummaa isaaniin Woyyuudha; dubartii ta'uu isaaniinis Woyyummaa lammaffaa akka qabaniifi Oromoon dubartiif kabajaafi ulfina guddaa akka qabu hubachiisi.

Kan biroon, Qaalluun nama beekumsa amantii guddaa qabuufi heerri Waaqaa akka hincabne akka eegu, nama eebbisu, biyyaaf akka kadhatu, Abbaa Gadaa akka eebbisu, Oromoo biratti kabajaafi ulfina guddaa akka qabu, Qaalluun kun kan Fagu, warra qarshii nama irraa funaannachuuf waa himtu akka hintaane barattoota hubachiisi. Akkasumas, Abbaan Gadaas Woyyuu akka ta'e, sababni woyyoome nama hawaasa tiksuufi bulchu ta'uu hubachiisi. Dhuma irratti, naannoo isaaniitti wantootni Woyyuu

ta'an maalfaa akka ta'e maanguddoo gaafatanii dareetti akka waliif ibsan godhi. Gilgaala kenname hojjachiisuun hubannoo argatan mirkaneeffachuun duub-deebii kenni.

### **Deebii Gaaffii hubannoo 1**

1. Wanti Waaqni uume, namaafi horiin, mukaafi bineensi lafarra jiraatu. Lafti baattuu waan jiraafi du'aati. kanaaf, Oromoon lafa ulfeeffata.
2. Waaqni uumaa lafaafi samii, namaafi bineensaa, malkaafi tulluuti. Halkaniifi guyyaa uumee ifaafi dukkanni waljijjiira.

### **Deebii Gaaffii hubannoo 2**

1. Haati woyyummaa lama qabdi: tokkoffaan kan haadhummaati; lammaffaan kan dubartuummaati.
2. Abbaan fagoo deemee hojjatee maatii isaa jiraachisa; akka haadhaa osoo hintaane ijoollee irraa fagoodha. Fagaatus gargaarsi abbaa maatii jiraachisa. Maatii isaa balaafi rakkoo irraa eega. Waaqnis nama eega. Kanaafuu, Waaqa xiqqaa jedhama.

### **Deebii Gilgaala 1**

1. haadha
2. Soddaatii

3. Soddaa
4. Waaqa.
5. lafa
6. Qaalluu

### **Deebii Gilgaala 2**

1. D
2. A
3. C
4. B

### **Deebii Gilgaala 3**

Wantoota Woyyuu ta'an yookiin kabajaafi ulfina guddaa qaban naannoo isaanii gaafatanii kamuu sababa waliin yoo fidan sirriidha.